Choosing Wisely Australia

Jajjabeessoma (initiative) NPS MedicineWise

NPS MEDICINEWISE

GAAFFILEE 5

OSOO HIN LAALAMNEE (TEST), HIN WALLAANAMNEE (TREATMENT) YKN TARTIIBNI WALLAANSAA SIIF KENNAMUU (PROCEDURE) HIN JALQABNEE KAN ATI DOKTORA YKN TAJAAJILA FAYYAA GAAFATUU QABDU

Laalamni, wallaansi fi tartiibni wallaansaa faayidaa xiqqaa ta'e kennu. Akkasumas, Haala takka-takka keessatti ammo tarii miidhaa geessisuu malan.

1 **Tajaajila gahaa tahe – dabraa kan hin tahin fi kan sitti hin xiqaatne – argatuuf Gaaffilee 5 kana gaafatuu yaadadhu.**

2 LAALAMA, WALLAANSA YKN TARTIIBA WALLAANSAA KANA, DHUGUMAN BARBAADAA?

Laalamni (test) rakkoon kee baramee murteessuuf si fi doktora kee ykn kan dhiyeessitoota tajaajila fayyaa siif kennan kan biroo gargaaruu mala. Wallaansi, kan akka qorsaa (medicines) fi tartiibni wallaansaa si wallaanuuf tarii gargaaruu mala.

3 MIIDHAA AKKAMII QABA?

Laalamni ykn wallaansi miidhaa cinaan dhaqabsiisu ni qabaa? Carraan dogoggorri qabxii qorannoo mudatuuf qabu hangami? Sun ammo laalama, wallaansa dabalata ykn tartiiba wallaansa fayyaa (procedure) caalutti kan geessuu danda'uu dhaa?

4 FILANNOOWWAN WALLAANSAA, SAPHLAA, EEGGANNOO QABU JIRUU?

Filmaatni kan biroon wallaansi fayyaa itti siif kennamuu danda'u yoo jiraate gaafadhu. Akkaataa jirenya kee jijjiiruu, kan akka nyaata fayyaa keetiif tahu nyaatuu ykn sochii qaamaa godhchuun filmaata filannoo isa eeggannoo qabuu fi gaarii tahee dha.

5 YOO ANI WAAN TAKKA ILLEE GODHUU DHIISE MAALTU TAHA?

Yoo laalama (test), wallaansa ykn tartiiba wallaansaa siif kennamu yeroo sanatti hin fudhanne ta'e, yoo haalli dhukkuba kee sitti caala ta'e – ykn sitti fooyyawa tahe, gaafadhu.

BAASIIWWAN JIRAN MAAL FA'AADHA?

Baasiiwwan jiran kan maallaqa, qalbii ykn yeroo kee tahuu danda'u. Yoo hawaasa maallaqa baasisa tahe, gatiin isaa sirrii dhaa ykn kan gatiin isaa sana irra saphlaa tahe ni jiraa?

Odeeffannoo caaluuf ilaali,
choosingwisely.org.au

Haasawatti dabalamuuf
@ChooseWiselyAU

Gabaasaa Fayyadamtootaa (Consumer Report) kan qopheessame irraa kan fudhatame. Hayyama Bu'ura ABIM (ABIM Foundation) jalatti.

Choosing Wisely Australia® kaka'umsa kan tajaajiltoota fayyaa (clinicians) kan tajaajilaman (consumers) fi kanneen kunuunsa fayyaa kennuu keessatti qooda fudhatan waa'ee laalamaa (test), wallaansaa (treatment) fi tartiiba wallaansaa (procedure) hin barbaachisne ilaalchisee waliin dubbannaa barbaachisu akka eegalaniif kan gargaaruu dha. Kunuunsa akaakuu-qabeessa irratti xiyyeeffachuun, Choosing Wisely Australia kan kolleejjii wallaansaa Australia, hawaasaa fi waldaadhaan gaggeessamuu fi NPS MedicineWise dhaan kan qindeeffamedha.

Yeroo waan kun tolchametti odeeffannoon sirriin akka kennamuuf eeggannoon barbaachisu godhame ni jira. Odeeffannoon kun gorsa fayyaa kan bakka bu'u miti, akkasumas haala dhukkubaa akka ittiin wallaansaa fi qorannoof dhimmi itti bahamuu hin qabu. Odeeffannoo kana qofa irratti hundaawuudhaan ykn odeeffannoo kana qofa gargaaramuudhaan (daguu (negligence) dabalee) waan badu, miidhamu ykn hubama geessisamu Choosing Wisely Australia® itti-gaafatama isaa hin fudhatu. Guutummaa ibsa kanaa **choosingwisely.org.au** irraa dubbisi.

CW1924b